



Xiinxala Fakkoommii Wantota Aadaa Oromoofi Wantotaa Duudhaalee Filataman Keessatti Itti Dhimma Ba'amanii: Eebba, Abaarsaafi Kaka

Magarsaa Dhinsaa

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunivarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon bu'uuraa qorannoo kanaa fakkoommiiwwan wantonni aadaa (material culture)fi wantonni (materials) sirna raawwii eebba, abaarsaafi kaka keessatti itti dhimma ba'amanii qaban xiinxaluudha. Ka'umsi qorataa qorannoo kanaas, hanga qoratichi sakatta'a geggeessetti beekumsi hawaasaa duudhaalee kanneen keessaatti ijaaramee jiru kan hinqoratamiin ta'uudha. Qorannoon kun qorannoo sanyaabsa sakattaa (survey ethnography) yoo ta'u, maddeen ragaalee qorannichaas madda ragaa tokkoffaa ta'anii isaanis: Abbootii Gadaa, jaarsolii biyyaafi maanguddootadha. Malleen iddatteessuu itti dhimma ba'amanis mala akkayyoo (purposive sampling)fi mala darbaadabarsaa (snowball sampling) yommuu ta'an, baayyinni iddattoo qorannoo kanaas Abbootii Gadaa 10, jaarsolii biyyaa 30fi maanguddoota 20; waliigalaan raghimtoota ja'atama (60)dha. Ragaaleen qorannoo kanaas daawwannaa (daawwannaa al-himaachisaa), afgaaffii (afgaaffii al-caaseffamaafi caaseffama gamisaa)fi mariigaree xiyyeeffannootti dhimma ba'amuun kan funaanaman yoo ta'an, ragaaleen funaanamanis mala akkamta ibsaan xiinxalamani jiru. Argannoowwan bu'uuraa qorannoo kanaas: sirnoonni raawwii eebba, abaarsaafi kaka bal'inaan malleen walqunnamtii mallattoolee (symbolic communication)fi xinqooqaawwan dabalataa (extra linguistic features) gargaaramuun kan raawwatamanidha. Kun immoo gooroowwan afoolaa kunniin bal'inaan malleen walqunnamtii al-afaaniffaan (non-verbal communication) hojiirra kan oolan, yookaan waliif galan ta'uu isaanii agarsiisa. Inni biraan, gooroowwan afoolaa kunniin (eebbi, abaarsiifi kakaan) humna hawaasummaa hawaasaafi safuu hawaasaa tiksuu olaanaa kan qabanidha. Akkasumas, wantonni aadaafi wantonni sirna raawwii abaarsaafi kaka keessatti itti dhimma ba'amanii baayyeen isaanii fakkoommii hawaasni sun qabuufiin xiinsammuu namaaf kan hinsafeeffatamne, jibbamoofi sodaatamoo waan ta'aniif miidhaa abaaramuufi sobaan kakachuun namarraan ga'uu danda'anii dursanii hubachiisuun humna akeekkachiisa olaanaa kennuu kan qaban ta'uun isaanii argannoowwan bu'uuraa qorannoo kanaa keessaa isa birooti.</i></p>	<p>Article History: Received: 12-08-2023 Revised: 18-09-2023 Accepted: 20-11-2023</p> <hr/> <p>Jechoota Ijoo: wantota aadaa, wantota, fakkoommii, eebba, kaka, abaarsa</p> <hr/> <p>*Qorataa Muummee: Magarsaa Dhinsaa</p> <hr/> <p>E-mail: megersaabeye@gmail.com</p>

Seensa

Wantonni aadaa gooroowwan fokiloorii keessaa isaan tokko ta'anii, kan namoonni harkaan hojjechuun jireenya guyyuu isaanii keessatti itti dhimma ba'an, miidhaginaaf itti gargaaraman, fedhiifi eenyummaa isaanii ittiin ibsatanidha. Akkasumas, kalaqaalee hawaasaa hawaasni sun ittiin walitti hidhatiinsa jabaa uummatudha (Dundes, 1980). Dabalataan, Ian (1978) akka addeessetti, wantonni aadaa bu'aalee hojii harka namaa ta'anii, kan hawaasni tokko ittiin eenyummaa isaafi akkaataa jiruufi jireenya isaa isa waliigalaa ibsatu, walqunnamtii uummatu, fedhii dhuunfaas ta'e hawaasummaa isaa ittiin calaqisiisu; akkasumas, sadarkaa jireenyaa, amantaa, koorniyaafi siyaasa isaa ittiin ibsatuufi dandeettii kalaqa isaa karaa qabatamummaa qabuun ifoomsudha.

Wantotni aadaa ogummaa harkaa, yookaan bu'aa hojii harkaa miidhagummaa aartiin guutamani jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan yeroo ta'ee bifa qabatamaan ibsanidha (Jules, 2010). Yaada barreessaa kanaarraa, qorannoo wantota aadaa adeemsisuun dandeettii kalaqa sammuu dhala namaa isa olaanaa karaalee dhimmoota amanamummaa qabani qorachuu akka ta'eefi wanti aadaa karaa ittiin amantaa, yaada, ilaalchaafi hubannoo hawaasaa kan yeroo murtaa'e tokkoo ittiin qorannuu ta'uu hubachuun nidanda'ama. Wantonni aadaa meeshaalee dhalli namaa adeemsa jiruufi jireenya isaa yeroo dheeraa keessatti fedhii isaa guuttachuuf kalaqee jireenya hawaasummaa isaa, siyaasaafi dinagdee isaa ibsachuuf itti dhimma ba'udha. Wantonni aadaa kunniinis, aadaa uffataa, aadaa nyaataa, aadaa taa'umsa lafaa, aadaa hojii harkaafi aartii, aadaa bareedina mana

keessaafi aadaa ijaarsa manaa kan haammatudha (Sims & Stephens, 2005).

Qorannoo wantota aadaa taasisuun yeroo jalqabaaf kan inni mul'ate Jarraa 20^{ffaa} keessa dirree qorannoo, yookaan dirree hojii xiinaadaa (*anthropology*) keessatti ta'ee; kunis, yommuu itti qorannoo xiinsanyii ragaalee goodambaawwanii (muuziyeemii) bu'uureffachuurraa gara paraadaayimii sanyaabsaa bu'uureffachuutti ce'e keessadha. Mul'achuun qorannoo wantota aadaa kunis, guddinni arkiyooloojii ilaalcha inni addunyaa wantota (*material world*) irratti argamsiiseen walqabata (Hicks, 2010). Karaa biraan immoo qorannoo wantota aadaa bal'inaan kan inni hiikamu qorannoo walitti dhufeenya namootaafi wantotaa gidduu jiru ta'ee, bakkaafi yeroo giddugaleessa osoo hingodhatiinii (*irrespective of time and space*) kan adeemsifamu akka ta'edha (Amos, 1972).

Qorannoo kana keessatti 'wantota (*materials*)' kan jedhu immoo meeshaaleefi wantota duudhaalee xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'an raawaachuu keessatti itti dhimma ba'aman bakka bu'a. Yad-rimee kana bu'uura godhachuun barreessitoonni garaagaraa 'wantota' bifa adda addaan hiikaniifi ibsanii jiru. Sirna raawwii duudhaalee garaagaraa keessatti wantota aadaa cinaatti wantota garaagaraatti dhimma ba'uun kan baratamedha. Wantonni kunis, bu'aa hojii harkaa namaa yookaan kan uumamaa ta'uu danda'u. Isaanis, haala isaanii bu'uureffachuun ergaa garaagaraa hawaasa itti dhimma ba'u sana biratti kan qabanidha (Dundes, 1980).

Wantonni meeshaalee dhalli namaa harkaan hojjetees ta'u, uumamaan gonfamee naannoo isaatii qabu ta'ee, hawaasni tokko

duudhaalee isaa garaagaraa ittiin ibsachuufi raawwachuuf itti dhimma ba'uudha. Wantonnis akkuma wantota aadaa hiikaa, ergaafi mallattoolee bakka bu'an hawaasni sun irratti waliif galeefi ittiin waliif galu mala walqunnamtii al-afaaniffaa isa birooti. Wantonni raawwii duudhaalee hawaasaa garaagaraa keesstti itti dhimma ba'aman kunniinis kaan isaanii kan safeeffataman yoo ta'an, kaan garuu kan balfamanidha (Bronner, 2007). Dundes, (1980) akka addessetti, wantonni uumamaalee, yookaan namtolcheewwan garaagaraa hawaasni tokko akkuma wantota aadaa hiikaafi mallattoolee adda addaa kennuufiin ittiin waliif galu bakka bu'oota mala walqunnamtii hawaasaati.

Hojiirra oolmaa duudhaalee garaagaraa keessatti wantotatti dhimma ba'uun kan duudhaa sanatti lubbuu horu yoo ta'u, wantonni kunis fakkoommii mataa isaanii hawaasa sana biratti kan qabaniifi ofeegannoon kan itti dhimma ba'amanidha. Wantonni kunis, biqiloota garaagaraa, meeshaalee sibiilarraa hojjetaman, bu'aalee mukaa, bakkeewwaniifi kanneen biroo balfamoo ta'an garaagaraa dabalata (Webb, 2003). Yaada barreessaa kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, wantonni meeshaalee akka wantota aadaatti hinfudhatamne garuu hawaasni tokko sina raawwii duudhaalee isaa garaagaraa keessatti hiika adda addaa kennuufiin itti dhimma ba'udha. Wantonni kunis, akka ulfootti kan fudhataman, yookaan kan balfaman ta'uu danda'u.

Fakkoommii wantota aadaa yookaan wantotaa kan jedhamu immoo hiika, mallattooleefi bakka bu'iinsa isaan hawaasa itti dhimma ba'u biratti qabanidha. Karaa biraan immoo malleen walqunnamtii al-

afaaniffaa hawaasni tokko ittiin waliif galudha (Danesi, 2004). Akkasumas, karaalee dhalli namaa ittiin ergaa waliif dabarsuufi walqunnamu keessaa malleen walqunnamtii al-afaaniffaa kan bal'inaan hojiirra oolan yoo ta'an, fakkoommiin wantota aadaafi wantotaa naannoo keenyatti argamaniis isaan tokkodha (Morris, 1979).

Qorannoon kunis, fakkoommii wantota aadaafi wantotaa sirna raawwii eebbaa, abaarsaafi kaka keessatti itti dhimma ba'amani irratti kan xiyyeeffate yommuu ta'u, eebbi akka barruun insaayikiloopiidiyaa ibsuutti, raawwii qulqullaa'aa, kadhannaa fedha Waaqaafi abdi akka ta'e ibsa. Eebbi uummata Oromoo biratti gooroo afoolaa jireenya guyyuu isaa keessatti bifa idileenis ta'e al-idileen itti dhimma ba'amaa oolamudha (Ashennaafiifi Eebbaa, 2017). Oromoon raawwii duudhaalee isaa garaagaraa; fakkeenyaaf, gaa'elarratti, jaarsummaarratti, muudama Gadaa taasisuurrratti; akkasumas, sagantaalee garaagaraarratti eebba taasisuun duudhaa baratamedha. Oromoon uummata eebbaaf bakka guddaafi olaana kennu waan ta'eef, bakka dhaabbatee eebbise dhaabbatee hinabaaru; safuudha. Bakkeewwan akka boroo ofii, karaarra, ooyiruu keessa, caffee keessa, malkaatti, tulluurattiifi Odaa jalattis eebba taasisa (Dirribii, 2016).

Kakaan immoo namni tokko gochaa itti shakkame tokko akka hinraawwatiin duudhaa ittiin ibsu yoo ta'u, kan kakaan kun raawwachiifamus rakkoo hawaasa keessatti uumame tokko furuuf yaaliin baayyeen duudhaalee garaagaraan erga adeemsifamee booda furuun yoo dadhabame akka murtoo isa dhumaatti fudhatamuunidha. Kunis, yeroo baayyee yakkoonni akka hannaafi walhaaluu

yommuu uumaman itti dhimma ba'ama. Dirribii (2016) akka addeessettis, kakaan kan raawwachiifamu cittuu lafaafi muka xaaxessaa jala dhaabbachiifamee jaamaa, naafa, jaarsa dhaabbataa, beera kalaalee waamee, mutaa, gubaa, uraa, eeboofi daraan qabachiifamee kallacha fuulduratti aantee isaa keessa nama tokko, kan inni kakatu sun caalaatti nijaallata jedhamu waliin, yoon sobe uraan Waaqaa, gubaan, mutaan, eeboon, ibiddi Waaqaa nutti haadhufu jedhanii kakatu. Namichi waliin kakatu sunis 'luka namicha shakkamee' jedhama.

Yaada barreessaa kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, kakaan rakkoon ijoo dubbii jaarsa jalaa baduun, yookaan dubbiin haalamuun jaarsaan falamuu yoo dadhabame Waaqaan akka furamuuf adeemsa dabarsanii Waaqatti kennuu akka ta'edha. Akkasumas, kakaan yoomessa; keessumaa, bakka itti raawwatamu mataa isaa danda'e kan qabuufi ulaagaa guutuu qabu, fakkeenyaaf, meeshaalee barbaachisoo dhiheeffamuu qaban garaagaraa kan barbaadudha. Duuchumatti, kakaan nama sobaan kakate sana qofa osoo hintaane darbee sanyii isaallee kan hubudha. Haata'u malee, humna yakka to'achuufi safuu eeguu olaanaa kan qabudha.

Duudhaan xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'e inni biroon immoo abaarsadha. Kusaan jechootaa 'Oxford Advanced Learners Dictionary' (2006) irratti akka ibsamee jirutti, abaarsi nama ta'e tokko gara fuulduraatti wanti hamaa ta'ee, miidhamni guddaan, balaan, jireenyi gadadoon, yookaan carraa jireenyaa dhabuun akka mudatuufi irratti raawwatamuuf dubbii xiinsammuu dhala namaatti ulfaataa ta'eefi jireenya guyyuu keessattis itti dhimma hinba'amne irratti dubbachuun kun sirratti

haata'u jechuun irratti hawwuudha. Dabalataan, Prince (1981) akka addeessettis, abaarsi dubbii afaaniffaan, yookaan mallatoon kan ibsamu ta'ee, jechoonni itti dhimma ba'aman garuu jechoota lafa lafaa (*ordinary words*) osoo hintaane jechoota humna Waaqayyoo, yookaan humna waaqolii ibsaniin kan guutedha.

Oromoon akkuma kakaabaarsas erga sirni Gadaa cabuun bittaa nafxanyootaa jala galee seer-dhabdummaan babal'achuu irraa kan ka'e tumatee itti dhimma ba'uu eegale. Haata'u malee, abaarsa raawwachuun dura tarkaanfiiwwaniifi taateewwan garaagaraa barsiisoo ta'aniifi yakkarraa nama deebisan gargaarama. Abaarsi hamaadha; sanyii duguugee mancaasa; waaqa biraa dheekkamsa namatti fida jedhamees amanama. Oromoon yommuu abaaruu bakka dhaabbatee abaaruu addaa qaba. Fakkeenyaaf, qilee yookaan hallayyaa irra, lafa gogaa waayyu hinbiqilchine irra dhaabbatee taateewwan garaagaraa raawwachuun abaara (Dirriibii, 2016).

Yaada barreessitoota olii kanaarraa hubachuun akka danda'amutti abaarsi gochaa jajamaa hintaane, miidhaafi gadadoo jireenyaa namatti fidu akka ta'edha. Bu'uuruma kanaan Oromoo birattis akkuma kakaabaarsa raawwii ulfaataa akka tarkaanfii dhumaatti fudhatamudha. Haata'u malee, akkuma kakaas humna safuufi safeeffannaa hawaasaa keessatti nama tiksuu kan qabudha.

Adeemsa xiinxala ragaalee qorannoo kanaa raawwachuu keessatti, yaaxina/yaadiddamni bu'uureffatame immoo yaaxina/yaadiddama mallattoolee (*theory of symbols*)dha. Yaadiddamni mallattoolee kunis, kan hiikaafi bakka bu'a uumamaaleefi waantonni naannoo

keeniyatti argaman qabaniitti xiinxaluuf gargaarudha. Qorannoo kana keessattis hiikaafi bakka wantotni aadaafi wantotni duudhaalee filataman keessatti itti dhimma ba'amani qaban xiinxaluuf itti dhimma ba'amee jira.

Qorannoo kana geggeessuuf dhimmoonni qorataa qorannoo kanaa kakaasanis: hanga qoratichi sakatta'iinsa geggeessetti qorannoon dhimma kanarratti adeemsifame kan hinjirre ta'uu, muuxannoo duraan afoolaafi duudhlee hawaasaa irratti qorannoo garaagaraa geggeessee qabuufi fedhii beekumsa hawaasaa wantota aadaafi wantotaa duudhaalee kanneen keessatti itti dhimma ba'amaniin walqabatee jiru addeessuuf qabudha. Bu'uuruma kanaan kaayyoon qorannoo kanaa:

- fakkoommii wantonni aadaafi wantonni sirna raawwii eebbaa, abaarsaafi kakaa keessatti itti dhimma ba'amani qaban xiinxaluudha.

Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'amuun adeemsifamee jira. Sababiin isaas, ragaaleen funaanaman lakkoofsaan ibsamuufi safaramuu kan danda'an osoo hintaane jechaan addeeffamuuf kan mijatanidha. Gosoota qorannoo akkamtaa keessaas qorannoo sanyaabsaa; addaan immoo sanyaabsa sakattaa (*survey ethnography*)dha. Akkasunmas, qorannoon kun qorannoo dhimma beekumsa hawaasaa irraatti xiyyeeffate waan ta'eef, paraadaayimiin, yookaan falaasamni ijaarsaa (*constructivism paradigm*) bu'uureffatamee jira. Kunis, akkuma Creswell, (2009) falaasamni, yookaan paraadaayimiin ijaarsaa beekumsa hawaasaa

ijaaramee jiru funaanuufi xiinxaluun beekumsa dabalataan (*alternative knowledge*) *dabaaluun* dhugoomsuuf kan gargaarudha jechuun ibsee jiru jechuudha.

Qorannoon kun kan adeemsifame Goodina Wallagga Bahaa irratti ta'ee, aanaalee Goodinnicha keessatti argaman keessaas Aanaa Haroo Lummuufi Aanaa Giddaa Ayyaanaa irrattidha. Goodinniifi aanaaleen kunniinis mala akkayyoo (*purposive sampling*) dhimma ba'amuun filataman. Sababiin Goodinniifi Aanaaleen kunniin filatamaniifis hubannoo qoratichi duraan qabuufi sakatta'a dabalataan taasiseen bakkeewwan itti duudhaaleen kunniin (raawwiin sirna eebbaa, abbarsaaafi kakaa) daran hojiirra oolaa jiraniifi itti ititanii jiran waan ta'aniifidha.

Ragaalee qorannoo kanaas kan isaan funaannataman maddeen ragaalee tokkoffaa irraa yoo ta'an, isaanis, Abbootii Gadaa 10, jaarsolii biyyaa 30fi maanguudoota 20 irraadha. Walumaagalatti, raghimtoota ja'atama (60) irraa ragaaleen funaannatamanii jiru. Sababiin qaamoleen hawaasaa kunniin filatamaniifis, akka bakkeewwan qorannoon kun irratti adeemsifameetti, sirna raawwii eebba, abaarsaafi kakaa geggeessuun qaamolee beekamoo waan ta'aniifidha. Malleen iddatteessuu itti dhimma ba'amuun raghimtoonni kunniin filatamanis mala akkayyoo (*purposive sampling*)fi mala darbaadabarsaan (*snowball sampling*) yommuu ta'an, qaamota raghimtootaa maraafis itti dhimma ba'amani jiru.

Malleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti itti dhimma ba'aman immoo daawwaannaa (gosa daawwaannaa al-hirmaachisaa), afgaaffii (afgaaffiilee al-

caaseffamoofi caaseffamoo gar-tokkee)fi mariigaree xiyyeeffannoodha. Ragaaleen kennamanis, tooftaalee waraabbii sagaleefi suur-sagaleen; akkasumas, yaadannoon qabachuun fudhatamanii jiru. Ragaaleen fudhatamanis, qajeelfamoota ragaalee barreeffamatti jijjiiruu Creswell, (2012) addeessee bu'uureffachuun barreeffamatti erga jijjiiramanii booda mala xiinxala akkamtaa ibsaan xiinxalamaniiru.

Xiinxala Ragaaleefi Argannoowwan

Kutaan kun bakka itti ragaaleen funaanaman dhihaachuun xiinxalli isaanii itti adeemsifamee jirudha. Xiinxalli fakkoommii wantonni aadaa Oromoofi wantonni qabani adeemsifames galumsaa qofa kan bu'uureffate osoo hintaane akka waliigalatti fakkoommii isaan Oromoo biratti qaban kan giddugaleessa godhatedha. Fakkoommiin taateewwan (gochaawwan) garaagaraas; fakkoommii wantotaan walfakkeenya guddaa kan qaban ta'aniyyu kutaa kana jalatti xiinxalamani jiru.

I. Xiinxala Fakkoommii Wantota Aadaafi Wantotaa Sirna Raawwii Eebbaa keessatti Itti Dhimma Ba'amanii

Eebbi Oromoo biratti duudhaa bakka olaanaa qabuufi jireenya guyyuu isaa keessaa hindhabamne ta'ee, raawwiilee sirnoota garaagaraarratti; fakkeenyaaf, gaa'elarratti, jaarsummaarratti, muudamaafi daboorratti bal'inaan taasifama. Eebba kan eebbis Abbootii Gadaa, Abbaa Bokkuu, jaarsolii, angaftuuwwan, dhibbisaa (nama loon horsiisee dhibbiseeru), hiikataa (ajjeesaa)fi nama jifuu (qaama) guutudha.

a. Eebba Gaa'elaa

Duudhaalee Oromoo sirni eebbi bal'inaan irratti adeemsifamu keessaa gaa'elli isa jabaadha. Bakkeewwan qorannoon kun irratti adeemsifame Jaawwii Maccaa birattis maanguddoonniifi maatiin coqorsa, ulmaayyii, aannan ciicootti, yookaan qabeetti, farsoo buqqeetti, daadhii waancaatti qabatani misiroowwanis qabachiisanii eebbisu. Wantota aadaafi wantota baayyee immoo harkatti qabachuu baataniyyu eebba isaanii keessatti '*maqaa dha'ani*' ittiin fakkeessanii eebbisu. Yommuu eebbisanis kanneen eebbisanis ta'e, misiroowwan eebbifaman itillee (jandee) lafa hafachuun gara Bahaatti galagalani taa'uun raawwatama. Sababiin itilleen filatamuufis gogaa loonii irraa kan hojjetame waan ta'eefidha. Loon immoo Oromoo biratti horii eebbaati. Lafa hafachuu isaanii immoo lafti dandaa'aa ta'uu, gara Bahaatti galagaluun immoo Bahi biiftuu Oromoo biratti kallattii eebbaa yoo ta'u, innis ganama, ifaafi mul'achuu waan ibsuufidha.

Eebbi gaa'elaa kan inni adeemsifamus, qee intalaatti intala fudhatee ba'uuf yommuu misiroon sun jedhuufi qee gurbaatti intala fudhatee erga dhufee taasifama. Intala fudhachuu deemuuf yommuu gurbaan mana maatiitii ba'u garuu eebba gabaabaatuu akkanumatti taasifama. Achiis, haati gurbaa sabbata hiikkatee dura manaa ba'uun "Elaa sabbata hiikkadheeraa siif haahiikamu, siif haaqajeelu" jettee eebbisitee deebiti. Sabbata hiikkachuunis hidhaan jiru siif haahiikamu, milkiin siif haahiikkatu, daandiin siif haaqajeeluufi duchumaan hiikamsi siif haata'u jechuudha.

Magarsaa D
37-59

Eebbi qee warra intalaafi qee warra gurbaatti misiroowwanii taasifamu immoo akka itti aanee jiru kana ta'a.

*“Qabattanii aaga qabadhaa
Rafaa abjuu qabaadhaa
Adeemaa milkii qabaadhaa
Miilaan lafa qabadhaa
Harkaan Waaqa qabadhaa
Daadhiin kun daraaraadhaa
Daraaraa dhalaa argadhaa
Daadhii ta'aa walittii urgaa'aa
Booka ta'aa walitti urgaa'aa
Farsoon kun immoo biqilaa
Biqilaa dhalaa argadhaa
Aanaaniifi garaa ta'aa
Dhadhaafi mataa ta'aa
Coqorsa lo'aa ta'aa
Gannaafi bona lalisaa
Odaa dagaagaa ta'aa
Gannaafi bona garbaabaa
Ulmaayii ta'aa walitti urgaa'aa
Urgeessaa ta'aa walitti urgaa'aa
Andoodee gorbaa ta'aa
Bonaafi ganna lalisaa
Walleensuu kormaa ta'aa
Bu'aafti yaabbii dhorkadhaa
Biiftuu ta'aa hundaaf ifaa
Akka biiftuu calaqqisaa*

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),

Akka biiftuu mulladhaa

*Akka urjii macca ta'aa
Cirracha abbayyaa ta'aa
Lakkaa'anii isin hinfixiin
Allaadduu lagarraa ta'aa
Kumaatama horaa
Kan hortan wajjin bulaa
Walbira oolaa bulaa
Safuu waliif qabaadhaa
Eebbi kun eebba gosaatii
Qabatee isin biraa hinhafiin
Na ofkolchaa, na ofkolchaa” jedhees xumura.*

Eebba gaa'elaa olii kana keessatti wantonni aadaa garaagaraa itti dhimma ba'amanii kan jiran yommuu ta'u, fakkoommiin isaaniis: 'daadhiin' miyaa (*tasty*), foolii, yookaan urgaa bareedaa, qabbana (kan keessa nama qabbaneessu)fi mallattoo soorumaadha. 'Farsoon' immoo biqila, biqilli immoo ayyaanadha, sanyiidha, quufadhas. 'Aannan' immoo qabbanadha, badhaadhinadha (akkuma inni itittuun, dhadhaan, baaduun badhaadhee jiru jechuudha); akkasumas, dawaadha. Odaan immoo gaaddisadha, lalisadha, nagaadha, araaradha, tokkummaafi umurii dheerinadha.

Wantonni raawwii eebba gaa'elaa kana keessatti itti dhimma ba'amanii jiran immoo lafa, Waaqa, coqorsa, ulmaayyii, urgeessaa, andoodee, walleensuu, biiftuu, urjii, cirrachaafi allaadduudha. Tokkoon tokkoon isaaniis fakkoommii adda addaa kan qaban yommuu ta'an, lafti danda'aadha, bal'inadha, Waaqni immoo uumaa, guddaa, abbaa dhugaadha, kan

hundaan oliiti. Coqorsi immoo lalisaa, jiidhinsa, lafa kan dhaaluufi waqtii hundumaa kan jiraatudha. Ulmaayyiifi urgeessaan immoo urgaa, yookaan foolii gaariidha. Andoodeen gorbaa immoo gogee kan hinbadne, waqtii hundumaa kan jiraatuufi yeroo hundumaa kan ija naqatudha.

Walleensuun kormaan garuu qaama qaama biraan miidhamuu hindandeenye, dallaa (eegduu) kan qabuufi dandeettii diina isaa ofirraa ittisuu kan qabudha. Biiftuun immoo ifadha, miidhaginadha; akkasumas, dhokachuu kan hindandeenyedha. Urjiifi cirrachi immoo fakkoommii walfakkaataa kan qaban yommuu ta'an; innis, baayyina, kan lakkaa'amee hindhumnedha. Allaadduun immoo kan bakka jiidhinsaa jiraatu (jireenya mijataa jiraatu), balaa itti dhufe kamuu kan dandamatee jiraatuufi tooftaa ittiin waa miliqanii ooluu kan beekudha.

b. Eebba Arfaasaa

Oromoon yommuu arfaasaan dhufuuf jedhu ba'ee eebbaan qajeelfata, simatas. Arfaasaan kan inni simatamus utuu bokkaan hinroobiin malee erga roobee miti. Oromoon waqtiin Arfaasaan dhufaa jiraachuu, yookaan ga'uu waan ittiin adda baafatu hedduu qaba. Fakkeenyaaf, baalli bakkaannisaa diimachuun, naqa-abbaa gurraa (gosa urjiiti) gadi bu'uun, cuquleessi (gosa simbiraa) barii barraaqarra "Ciwuu ciwuu ciwuu" jettee sagalee dhageessisuuniifi kuyyisni keenyan keessaa "Xii xii xii" jechuun mallattoolee dhufaatii Arfaasaa ta'uu qalbifata. Yommuu mallattoolee kana argee jedhus hawaasni sun gamaa gamanaa walwaamee ba'ee ardaa jilaatti Arfaasaa qajeelfata, yookaan eebbaan simata.

Eebba kanarrattis korma qalma dhiheessa; akkasumas, coqorsa, bishaan, farsoo, aannan, kallacha, bokkuufi kanneen kana fakkaatan qabatee ba'a. Kanneen harkatti qabachuunis akkas jechuun eebbisuun Arfaasaa dhufaa, yookaan ga'aa jiru sana qajeelfata.

Arfaasaan nagaa haadhufu
Qulqulluun nuuf haaroobu
Qotiyyoo qoleen haajabaatuu
Hameessi gurruu haatolu
Dheennaan Haagabbisu
Facaasnaan sanyiin haamargu
Margee firii haanaqatuu
Naqatee nuuf haakennu
Gumbiin diinqaa haaguutu
Dilbiin bakkee haaguutu
Cabbiin qoloo haa'oolu
Qilleensa hamaa nu haa oolchu
Ilbisaafti waagii nurraa haaqabu
Bara gaariitti nu haadabarsuu
Bakkalchi bakkee haabuluu
Bakkeen nagaa haabulu
Uummanni nagaa haabulu" jedhee eebbisa.

Erga akkas jedhee eebbisee booda immoo qananoo tumanna jechuun qananoo tumata. Qananoo kanas akkas jechuun tumata:

"Jaala koo dhufee kottu
Waaqni nu uume qananiidha
Laftti nu baatu qananiidha

Magarsaa D
37-59

Abbaan Gadaa qananiidha
Durbi qarreen qananiidha
Dubartiin deesse qananiidha
Maanguddoon qananiidha
Tulluun qananiidha
Biiiftuun qananiidha
Jiini qananiidha
Hattuun qanani hinqabdu
Sobduun qanani hinqabdu
Aniifi ati waliif qananiidha

Qananoo kanarra nagaan nu haabulchu”
jechuun qananoo kana tumata. Kanatti aansuun
ammas qananoo biroo itti aanu kana tumata.
Innis:

“Biyyi kun biyya nagaa ta’a

Barri kun bara quufaa ta’a

Arfaasaan baranaa:

kan roobee biqilchu ta’a

kan barakaa qabu ta’a

Bishaan baranaa:

kan hinhir’anne ta’a

kan guutee nama hinnyaanne ta’a

Roobni baranaa:

kan tortoraan nama hinballeessine ta’a

kan lafa jiisee biqilchee magarsu ta’aa

Arfaasaan kan roobaa haata’u

Ganni kan biqilchu haata’u

Birraan kan daraaraa haata’u

Bonni kan barakaa haata’u

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),

Tumnee seera

Jinfuu gaditti

Qaraa olitti

Koronyoo olitti

Jilbaa gaditti

Tumnee seera

Hinjiguu

Hindhanga’u

Murate!” jedhee tuma.

Yommuu eebba arfaasaafi qananoo kana tumatanis horii qalma, wantota aadaafi wantota olitti tarreeffaman (korma qalma, coqorsa, bishaan, farsoo, aannan, kallacha, bokkuu) qabatani eebba kana raawwatu. Kanneenis, fakkoommii garaagaraa kan qaban yommuu ta’u, kormi ija, yookaan firii qabeessa yookaan dhalchuu kan danda’udha. Arfaasaarraa ijatuu, yookaan firiiituu eeggatama waan ta’eef korma ija godhachuu (dhalchuu) danda’u dhiheessu. Bishaan immoo jiidhiinsadha. Kallachi immoo nageenya, araaraafi jaalaladha. Bokkuun immoo aangoo agarsiisa. Wantonni aadaa kanneen biroo sirna raawwii eebba arfaasaa taasifamu kana irratti itti dhimma ba’aman (coqorsa, farsoo, aannan) immoo fakkoommiiwwan eebba gaa’elarratti taasifamuu keessatti qaban olitti ibsame irraa adda kan ta’e hinqaban.

c. Eebba Ilmoo Ofii Ittiin Eebbisan

Gooroowwan eebba Oromoo keessaa inni biraan eebba dhala ofii ittiin eebbisan, yookaan eebba abbaadha. Kana jechuunis, eebba abbaan ilmaan isaa eebbisu jechuu yommuu ta’u, eebbi kun immoo yeroo garaagaraatti kan

Magarsaa D
37-59

taasifamuu danda'udha. Haata'u malee, kan abbaan "Ani guuleera, ani ga'eera" jedhee dhala isaa walitti qabee eebbisu bakka olaanaa kan qabudha. Eebbi kun kan inni adeemsifamus waantonni aadaafi wantonni eebbaa garaagaraa qophaa'uunidha. Wantonni aadaas ta'e wantonni osoo hinqopheeffamiin eebba sana keessatti garuu maqaa dha'uun ittiin fakkeessanii eebbisanis heedduun jiru. Eebbi dhala ofii ittiin eebbisan (eebbi abbaa) kunis akka itti aanee jiru kana ta'a.

"Dirreen bokkaa roobeen margaa

Ilmoon eebba abbaan margaa

Egaa sin eebbisaa nama eebbaa ta'i

Nyaata furdaa hindhabiin

Maaddiin kee hinhir'atiin

Gombisaan kee hinhir'atiin

Hammaaramee hindhumiiin

Sirra darbee firaafi finnaaf haata'u

Sirra darbee ormaafi alagaaf haata'u

Akka coqorsaa bonaafi ganna lalisi

Hidda coqorsaa ta'ii lafa qabadhu

Hundaan aannan ta'ii barbaadami

Dubbiin kee aannan namatti haata'u

Manni kee aannan namaaf haata'u

Akka daadhii kanaa urgaa'i

Akka ulmaayii kanaa urgaa'i

Akka urgeessaa kanaas urgaa'i

Qilxuu ta'ii damboobii gaaddisa ta'i

Mukarbaa ta'ii gorboobii mul'adhu

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),

Leenca ta'immoo jiraadhu

Bara Arraagessaas jiraadhu

Dhalaan horii baayyadhuu biyya ta'i

Horiin horii baayyadhu dhibba dhibbisi

Eebbi kee galaana haata'u" jedhee eebisa.

Erga kana jedhee eebbisee boodas waan qabu (horii, lafa, ...) "Elaa kana dhaala godhee siif kenneera" jedhee kennaaf. Yoo waan kennuuf hinqabu ta'e immoo barruu harka ilmoo isaatti tufee "Tufa koo siif kenneera" jedhee tufa isaa kennaaf. Tufti kunis, waa biraa osoo hintaane eebbadha; eebba koo siif kenneera jechuudha. Ilmoon abbaan tufa isaa kenneef immoo baayyee badhaadhaa/sooroma ta'a jedhamees amanama.

Eebba dhala ofiif taasifamu kana keessatti wantonni aadaafi wantonni garaagaraa itti dhimma ba'amanii kan jiran yommuu ta'u, coqorsi, daadhiin, aannan, ulmaayyiifi urgeessaan fakkoommii eebba gaa'elaa keessatti qaban olitti ibsameeraa kan adda ta'e hinqaban. Kanneen biroo itti dhimma ba'aman ilaalchisee immoo nyaanni furdaan quufa, sooruma, yookaan qabeenyaa ga'aa qabaachuudha. Qilxuufi mukarbaan immoo fakkoommii walfakkaataa kan qaban yommuu ta'an; innis, gaaddisa, dagaagina, lafa dhaaluu, ba'anii mul'achuu, caalanii argamuu, mukeen keessa filatamoodha; kanaafis gaagurri, yookaan dammi irraa hindhabamu; umurii dheeraa qabaachuufi balaa jabaa dandamachuudha. Galaanni immoo kan hindhumne, kan hingogne (bonaafi ganna kan jiraatu)fi kan hinbadnedha. Leenci immoo olaantummaa qabaachuu, waan nyaatu kan

hindhabneefi oguma qabaachuudha. Arraagessi garuu umurii dheeraa jiraachuudha.

II. Xiinxala Fakkoommii Wantota Aadaafi Wantotaa Sirna Raawwii Kakaa Keessatti Itti Dhimma Ba'amanii

Kakaan duudhaa rakkoo namaafi nama giduuttis ta'e hawaasa gidduutti uumame malleen waldhabdee furuu garaagaraatiin; fakkeenyaaf, jaarsummaan furuuf yaaliin guddaan erga taasifamee booda yommuu furuu dadhaban akka tarkaanfii dhumaatti fudhachuun hojiirra kan oolfamudha. Kunis, "Nuti dubbii keessan furuu dadhabnee, Waaqatti dabarsinee isin kennineerra", yookaan "Naaf haakakatu" gaaffiin jedhu yommuu qaama ta'e biraa dhihaatu kakaan raawwatama. Haata'u malee, kakaan gosa kana qofaatis jira jechuu miti. Namni tokko nama biraaf qabeenyaa akka: lafaa, horiifi qarshii kennuufiin deebisee sirraa hinfudhu jedhee yommuu inni kakaan mirkaneessuufis nijira. Akkasumas, dubbii icciitii guddaa ta'e tokko walkaksiisanii walitti himuunis nijira. Kana malees, abbaan ilma isaaf ogummaafi beekumsa qabu ittiin hawaasa biratti beekamu (fakkeenyaaf, beekumsa qoricha aadaa) yommuu inni kakaa raawwachiisuun dabarsuufis nimula'ata.

Kakaan guyyaa itti raawwatamu, bakka itti raawwatamu, qaama raawwachiisu, wantota aadaafi wantota itti dhimma ba'amuun ittiin raawwatamuufi waan jedhamee raawwatamu mataa isaa danda'es qaba. Kakaan guyyoota toorba toorbee tokko keessa jiran keessaa guyyaa Dafinoo (Wiixataa), Roobiifi Jimaata irra raawwatama. Sababiin isaas, guyyoonni kun akka ilaalcha hawaasa naannoo qorannoo kanaatti guyyoota caggino (guyyoota dhibee

ofkeessa qaban), guyyoota hir'uu, yookaan qeenxee, guyyoota qorichaafi guyyoota ayyaana (ulfina) hinqabne jedhamanii waan fudhatamaniifidha.

Akkasumas, kakaan bakka kamittuu kan raawwatamu osoo hintaane yoomessa bakkaa mataa isaa danda'e qaba. Kanneen keessaa muraasni: dirree gogaa jiidhinsiifi biqilaan irra hinjirre irra dhaabbachiisuun, allayyaarra dhaabbachiisuun, dhagaarra teessisuun, muka gogaa baalaafi gaaddisa hinqabne jala ijaachiisuuniifi mukeen qoraattiifi hadhaa qaban jala dhaabbachiisuun raawwatama. Sababiin bakkeewwan kun filatamaniifis, dirreen gogaan jireenya rakkinaafi hiyyumaan guute, bakka waan jireenya dhala namaaf barbaachisu tokkollee irraa hinarganne waan ta'eefidha. Allayyaarra dhaabbachiisuun immoo du'aafi jireenya gidduu jiraachuu, yookaan ededa du'arra (du'atti dhihaatanii) jiraachuu waan agarsiisuufidha. Dhagaarra teessisuun immoo sanyiin, yookaan qomoon ofii dhumuu, jireenya boqonnaa hinqabne jiraachuu, hiyyuma, rakkina, jireenya abdi hinqabne jiraachuu (namni dhagaarra taa'u nama abdi kutate, sanyii hingodhatu jedhamee waan amanamuufi) teessuma baduu waan agarsiisuuf irra teessisu.

Muka gogaa baalaafi gaaddisa hinqabne jala dhaabbachiisuun immoo ija dhabuu, bakka boqonnaa, yookaan gaaddisa namaaf tahuu dadhabuu (akkuma mukti baala hinqabne gaaddisa waan hinqabneef jalatti boqonnaan hinfudhatamne), jireenya gadadoo jiraachuufi carraa badaa qofa ofuulduraa qabaachuu (akkuma mukti gogaan qoraan qofaa ta'uf jiraatu) agarsiisa. Mukeen qoraattiifi hadhaa qaban jala dhaabbachiisuun immoo jireenya miidhamaan, waraansaafi hadhaan guute akka

Magarsaa D
37-59

jiraatu (namni sobaan kakatu sun) agarsiisuuf itti dhimma ba'amu. Kakaam namni kamuu kaksiiisuus hindanda'u. Qaamoleen hangoo kakaam raawwachiisu qaban: Abbaa Bokkuu, Abbaa Gadaa, Jaarsolii biyyaafi hangaftuudha.

Kakaan guyyaafi bakka itti raawwatamu mataa isaa danda'e akkuma qabu, wantota aadaafi wantota itti dhimma ba'amamuun adeemsifamu mataa isaa danda'es qaba. Wantota aadaa, yookaan wantota kanas qaamoleen kakatan sun harkatti qabatanii dhaabbachuun, yookaan akka ilkaaniin ciniinan gochuun, yookaan akka irra ejjetan gochuun, yookaan immoo offuuldura kaa'anii gara Lixaatti galagalani akka kakatan taasifamu. Sababiin gara Lixaatti galagalani dhabbatanii akka kakatan taasifamuufis Lixi dhidhima, dukkana, kallattii ittiin biiftuun seentee ifa ishee dhowwatee dukkanni dabaree fudhatu waan ta'eedidha. Fakkoommiin wantota aadaafi wantotaa sirna raawwii kakaam keessatti itti dhimma ba'amaniis akka itti aanee jiru kana ta'a. Kakaawwan tarreeffamanii jiraniifis isa jalqabaarra dhufeeff kakaam tokko (K1), isa itti aanee lammaffaarratti dhufe kakaam lama (K2)fi bifuma kanaan itti fufuun moggaasni kennamuufiin itti dhimma ba'amee jira.

Yakkaalee hanaa, yakka daarii lafaa dhiibuu (daarii darbuu), yakka haalmaa (waa namarraa fuudhanii hinuune jechuu)fi yakka walshakkii garaagaraa kakaan xumuruu keessatti kakaan raawwatamu bal'inaan akka asii gadii kana ta'a. Kakaam kana (K1) raawwachiisu keessatti jalqaba nama kakatu sana muka boqqolloo qabachiisu; achii immoo kakataan sun akkas jechuun kakata:

“Ani yakka kana keessa hinjiru,

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),

Yoon jiraadhee haale immoo:

Elaa muka boqqolloo qabadheera

Akka muka boqqolloo kanaa naa godhu

Iji narraa hinargaminni

Sanyiin narraa hinargamiin

Akkuma mukni boqqolloo kun qullaa ta'e;

Jireenyi koo qullaa haata'u,

Manni koo qullaa haata'u,

Kosiin koo qullaa haata'u,

Dallaan koo qullaa haata'u,

Alliifi manni koo qullaa haata'u,

Kakadheeraa kunoo, sobaanan kakadhe yoo ta'e:

Maxxannee ta'ee natti haaqabatu

Ija godhatee qeetti naa biqilu” (K1)
jedhee kakata.

Raawwii kakaam kanaa (K1) keessatti waanti itti dhimma ba'ame muka boqqollooda. Fakkoommiin isaas, mukti boqqolloo waan ija, yookaan firii hinqabnedha; waan sanyii ofirraa hinqabnedha; jireenya kan dhaabe, yookaan horuu kan hindandeenye; abdiin kan hinqabne waan gogaadha; faayidaa kan hinqabneefi balfadha. Kakaan kan inni muka boqqolloon raawwatamus akkas na haagodhu, jireenyi koo akka jireenya mukaa boqqolloo kanaa haata'u jechuufidha. Kanarraa immoo wanti hubatamu, kakaan waan ija hinqabneen, waan jireenya ofkeessaa hinqabneefi waan gogaan kan inni adeemsifamuuf sobaan kakachuun balaa hamaa akka qabu akeekkachiisuun sodaachisuufidha.

Sirna raawwii kakaam keessatti wanti biraan itti dhimma ba'amu lafeedha. Akkuma mukaa

boqqolloo harkaan qabsiisuun, yookaan irra ejjechiisuun kaksiiisu. Qaamni kakatu sunis:

“Waanan itti shakkame kana yoo raawwadhe ta’e:

Kun lafeedha lafee foon hinqabne, lafee gogaa

Jireenya koorraa akka lafee kanaa foon haadhumu

Jireenyi koo akka lafee kanaa gogaa haata’u

Akkuma lafeen kun deebi’ee abdi jireenyaa hinqabne

Jireenyi koos ammaa kaasee abdi jireenyaa haadhabu

Waanan itti shakkame kana yoo raawwadheera ta’e

Lafeen koo boolla keessatti; lubbuu koo waaqa biratti haagabatu

Kakadheeraa kunoo sobaanan kakadhe yoo ta’e:

*Maxxannee ta’ee natti haamaxxanu,
Haphee ta’ees natti haaqabatu”*
(K2) jedhee kakata.

Sirna raawwii kaka kanaa (K2) keessatti waanti (*material*) dhihaateefi itti dhimma ba’ame lafeedha. Fakkoommiin lafeen hawaasa sana biratti qabus lafeen waan gogaadha, du’aadha, jireenya (lubbuu) kan ofkeessaa hinqabnedha, abdi jireenyaas kan hinqabnedha, ijatti kan hintolledha, kosiidha; akkasumas, waan simboo kan hinqabnedha.

Sirna raawwii kaka keessatti wanti biraan itti dhimma ba’amu immoo udaan sareedha. Udaan saree sunis fuula dura namicha kakatu sanaa kaa’amuun akka inni quba itti qabee

kakatu, yookaan akka inni irra ejjetee kakatu taasifama. Yommuu kakatus akkas jedhee kakata:

“Yoon goote kanan jedhamee himatame kana godheera ta’e:

Elaa kun udaan sareedhaa; kan ijaaf hintolle

Namni akka udaan saree kanaa na haa ajeeffatu

Funyaan qabatee ana bira haadarbu

Xiqqaa guddaan ana haa ajeeffatu

Waan hundumaan gadi ana haagodhu

Kan na jaallatu hinargamniin

Kan na jibbu immoo lafarra haaguutu

Kakadheeraa, sobaan taanaan haphee ta’ee natti haaqabatu” (K3) jedhee kakata.

Raawwii kaka kanaa (K3) keessatti udaan saree wanta ittiin kakaan sun adeemsifame ta’ee kan jiru yommuu ta’u, fakkoommiin inni hawaasa sana biratti qabus, waan waan badaarraa argamu, waan baayyee badaafi balfamaa, waan miira namaatti (ijaafi funyaanitti) hintole, waan daran ajaa’aa, waan baayyee jibamaafi cingaasisaadha. Kunis, nama namaan gadii ana haagodhu jechuun kakachuu agarsiisa.

Wantota aadaa adeemsa raawwii kaka keessatti itti dhimma ba’aman keessaa immoo cokkoon, yookaan eeboon isa biroota. Wanta aadaa kanaan yommuu kakatanis harkaan qabatanii dhaabbachuun, yookaan qara isaa ofitti galagalchuun ittiin kakatu. Akkasis jedhanii kakatu:

“Dhugumaan yoon kan jedhame kana godheera ta’e:

Magarsaa D
37-59

Eebboon cokkoo ana haawaraanu
Cokkoon qara sagalii ana haa awaraanu
Cokkoon Waaqaa ana haa awaraanu
Ba'uu koo cokkoon ana eeggatu
Galuu koo cokkoon ana eegatu
Allis mannis cokkoo natti haata'u
Falfalamee cokkoon na hindhabiin
Argee jalaa miliquu
Miliqee jalaa ba'uu na hindandeessisiin"
Kakadheeraa kunoo sobaanan kakadhe
yoo ta'e:
Maxxannee ta'ee natti haaqabatu,
Faana godhatee na duukaa haadeemu
(K4) jedhee kakata.

Wanti aadaa sirna raawwii kaka kanaan keessatti itti dhimma ba'ame cokkoon gosa eeboo keessa tokko ta'ee, kan yoo ittiin waraanan dudduubatti deebisanii, yookaan harkisanii baasuun isaa hindanda'amnedha. Fakkoommiin inni qabus, waraantoodha, dhibeedha, balaadha, waan rakkina guddaaf, yookaan du'aaf nama saaxiludha.

Akkuma eeboo, yookaan cokkoo mutaanis wanta aadaa kaka raawwachiisuuf itti dhimma ba'amu isa birooti. Mutaan wanta aadaa ittiin hodhaawwan garaagaraa migira irraa hojjetaman (fakkeenyaaf, gundoo, mosoba) ittiin hodhan, yookaan hojjetanidha. Wanti aadaa kun yommuu inni kakaaf dhiheeffamuttis namni kakatu sun mutaa sana qabatee (qara isaa laphee isaatti, yookaan cinaacha isaatti galagalchuun qabata) akkas jechuun kakata:

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),

"Ani wanan ittiin himatame kana keessa hinjiru:

Yoon jiraadhee haale ta'e garuu

Dhibeen akka mutaa nama waraanu natti haadhufu

Mutaa namaa miti mutaan Waaqaa ana haawaraanu

Mutaan Waaqaa adamsee ana haaqabu

Dursee dura koo haadhaabatu

Baasee irra ana haabaasu

Mutaan Waaqaa mana koo haawaraanu

Mutaan Waaqa dallaa koo haawaraanu

Ba'u mutaan, galu mutaan jireenya koo haawaraanu" (K5) jedhee kakata.

Wanti aadaa sirna raawwii kaka kanaan keessatti itti dhimma ba'ame mutaan fakkoommiin inni hawaasa sana keessatti qabus: waraantuufi osoo hinargiin nama waraantee jireenya namaa kan miitudha. Mutaa Waaqaa jechuunis dheekamsa Waaqaa, dhibee Waaqa biraa namatti dhufu jechuudha.

Sirna raawwii kaka keessatti wanti aadaa dhihaatu kan biraan ophicci daakuudha. Wanta aadaa kanas namni kakatu sun deeme jilbeenfatee majii isaa qabatee daakuun akka kakatu, yookaan akkasumatti harkaan qabatee akka kakatu taasifama. Namichi kakatu sunis ajaja qaamota kaksiisan sanaa fudhachuun akkas jedhee kakata:

"Ani kana hingoone; yoon godheen haale ta'e immoo:

Jireenya koo akka jireenya hofcii haata'u

Taa'umsi koo bakka taa'umsa hofcii haata'u

Ciisi koos bakka taa'umsa hofcii haata'u

*Akkuma hofciin kun midhaan daaku;
daakees bulleessu*

*Waaqayyo jireenya koo haadaaku;
daakees haabulleessu*

Akkuma wanti daakame hinbiqille;

Waaqayyo biqila yookaan sanyii ana haadhowwatu,

Akkuma kan daakame abdi eeggatu;

Abdi Waaqayyoo ana haa eeggatu

Diinni hofcii finnaa, finni diina natti haata'u" (K6) jedhee kakata.

Wanti aadaa sirna raawwii kaka kanaan keessatti itti dhimma ba'ame kun ophicciin dhaagaarraa kan hojjetamu kan ittiin midhaan garaagaraa daakuun nyaataaf qopheeffatanidha. Fakkoommiin inni hawaasa biratti qabus, boqonnaa kan hinqabne, jireenya kan ofkeessaa hinqabne, yeroo hundumaa kan bakka tokko ta'uu (da'oo, golaa, yookaan mana jala)fi finna, yookaan dhagaa akka isaan kan miidhamaa ooluudha.

Wantota kakaan ittiin raawwatamu keessaa inni biraan qoraattiidha. Qorattii kanas namni kakautu sun harkatti qabachuun akkas jedhee kakata:

"Yoon kanan ittiin shakkame kana raawwadheera ta'e,

Elaa kunoo kun qoraattiidha

Waaqni qoraattii natti haata'u

Lafti qoraattii natti haata'u

Qilleensi qoraattii natti haata'u

Nyaanni nyaadhu qoraattii natti haata'u

Bishaanan dhugu qoraattii natti haata'u

Uffannin uffadhu qoraattii natti haata'u

Firri qoraattii natti haata'u

Alagaan qorattii natti haata'u

Arrabni biyyaa qoraattii natti haata'u

Qoraattiin jireenya koo haamarsu

Marsees ana haawaraanu

Waraanee ana haanaafessu

Naafessee sireetti naa haagalchu

Kakadheeraa kunoo sobaanan kakadhe yoo ta'e:

Kakaan kun maxxannee ta'ee natti maxxanu;

Haphee ta'ees natti haaqabatu" (K7) jedhee kakata.

Fakkoommiin qoraattiin hawaasa biratti qabus, waraantuu (dhokattee kan nama waraantu), waan namatti hintolle, rakkina, gidiraa, diina, dhibee fi jireenya hinmijanedha. Kanaafuu, qoraattii qabataniin kakachuun jireenya gadadoofi rakkinaan guute, jireenya dhibee hamaan marfame ana haajiraachisu jechuudha. Akkasumas, wanti hunduu diina natti ta'ee na haawaraanu, dhibee natti haafidu jechuudha.

Wantota kakaan ittiin kaxsiifamu keessaa inni biraaniifi bal'inaan itti dhimma ba'amu immoo daaraadha. Daaraa kanas kakataan qiraacii cabaatti (caba meeshaalee supheetti) harkatti qabatee dhaabbachuun ittiin kakata. Akkas jedhees kakata:

Magarsaa D
37-59

“Ani bilisa, kanan itti shakame kana keessaa harka hinqabu

Yoon dhugumaan keessaa harka qabaadhee jiraadhe immoo:

Kan harka koorraa kun daaraadha, daaraa muka gubatee

Waaqayyo foon koo gubee, lafee koo gubee daaraa haagodhu

Manaafi alaa kanan qabu hundu gubatee daaraa haata’u

Manni koofi dallaan koo gubatee daaraa haata’u

Kanan galchadhee manaa qabu gubatee daaraa haata’u

Kanan facaasee alaa qabu gubatee daaraa haata’u

Kanan horee dallaa qabu gubatee daaraa haata’u

Nama dallaa bobeeffatu ana haagodhu

Akkuma qilleensi daaraa kana fuudhee deemu

Jireenya koo balaan tasaa fuudhee haadeemu

Barbaadanii ana hinargiin, arganii ana hinawwaaliin

Kakadheeraa kunoo yoon sobaanan kakadhe ta’e,

Kakaan kun hapee ta’ee natti haaqabatu”
(K8) jedhee kakata.

Daaraan hawaasa naannoo qorannoon kun irratti adeemsifamee biratti mallattoo gaarii hinqabu. Fakkeenyaaf, bu’aa waan gubatee bade tokkoo, waan faayidaa hinqabne, waan jireenya ofkeessa hinqabneefi deebi’ees

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),

jireenya qabaachuu/horachuu gonkumaa kan hindandeenye, kosii, waan bifa isaa uumama gadhiiseefi waan simboo yookaan ayyaana hinqabnedha.

Adeemsa raawwii kakaa keessatti kasallis wanta biraa itti dhimma ba’amudha. Kasala kanas kakataan harkaan qabatee Lixa biiftuutti galagalee dhaabbachuun akkas jedhee kakata.

“Ani kan Waaqni arguufi kan lafti argu

Dubbii kana keessaa harka hinqabu

Yoon qabaadheen hale, haalas jira ta’e

Elaa kun kasala, kan takkaa gubatee

Ammas gubachuuf qophaa’ee taa’e

Waaqni akkuma kasala kanaa ana godhu

Gubannaarra gubannaatti ana haadabarsu

Abdi Waaqaa bu’ee ana haagobu

Gubee ana haagogsu

Gogsee ana haagurraachesuu

Gurraachessee na hindhiisiin

Daaraa godhee baduu naa baasu

Kakadheeraa kunoo sobaanan kakadhe yoo ta’e:

Maxxannee ta’ee natti haaqabatu,

Faana godhatee na duukaa haadeemu” (K9) jedhee kakata.

Kasalli kan inni ibsu akkuma daaraa waan simboo (ayyaana) hinqabnme, ija kan hinqabnee, kan hinbiqille, jireenya kan hinqabne, gurraacha’ee bifa uumamaa kan gadi dhiise, waan gogaafi caarraa gubachuu qofa kan qabudha.

Kakaan akkaataa inni ittiin raawwatamu inni biraan wantota aadaafi wantota sirna

raawwii isaa keessatti itti dhimma ba'aman garaagaraa; fakkeenyaaf, ophicci, mutaa, eeboo, daaraa, dhagaa, dikee, hidda reeffaa, udaan saree, kasala, lafee, lilima, qoraattii, luugama, qabduu, muka gogaa, qomonyoo, maxxanneefi kan kana fakkaatan tarreessanii kaa'uun kakataan osoo jecha tokkollee afaaniin jedhee hinkakattii, yookaan akkas ana haagodhu hinjedhiin akka inni tokko tokkoon qabatee darbu taasisuunidha. Kunis, hiikni tokkoo tokkoo wantota aadaafi wantota dhihaatan kanaa isaan biratti ifaa waan ta'eef, yoo harkaan isaanii qabee darbe ga'aadha, irrattis ni raawwatama; jireenyi isaa akka wantota harkaan qabee sanaas ta'a jedhamee waan amanamuufidha. Kun immoo raawwiin kaka mallleen walqunnamtii mallattoolee (*symbolic communications*) qofaanis kan raawwatamu ta'uu agarsiisa.

Bakka kakaan itti raawwatamu kamituu kakataan sun kan jedhee kakatu sana erga jedhee kakatee booda dhumarratti, fageenya akka meetira kudhanii (10) ta'u daa'imuum "Yoon sobaanan kakadhe ta'e kakaan ani kakadhe kun na biraa hinhafiin; daa'imee ana qaqqabu" jedha. Galagalees duubaa isaa gonkumaa osoo hinilaaliin fuuldura isaa qofa ilaalaa achumaan akka deemu taasifama. Galagalee duuba isaa akka hinilaalle taasisuun kunis, 'kakaan kakaadha, keessa deebii hinqabu' jechuudha.

Kanneen biroon immoo kaksiiisani akkuma jedhaniin nama kakate sana gara bakka bishaan yaa'u jiruu geessuun saddeeqa, yookaan dhagaa xiqqoo fuudhee bishaan sanatti darbachuun "Dhagaa bishaan bu'e ana haagodhu" jedhee bishaan sana ce'ee akka achumaan deemu taasisu. Kunis, dhagaan bishaan bu'e bishaan keessa gadi seenee

akkuma badu, deebi'ees akkuma hinargamne akkas ana haagodhu jechuudha. Bishaan sana ce'ee achumaan akka deemu gochuun immoo kaka sana mirkaneessuudha. Akkuma hawaasa biratti "Inni kakatee bishaan ce'eera" jechuun "Kakatee kaka fudhatee galeera" jechuun beekamu jechuudha.

Kakaan raawwatame qe'ee namicha sobaan kakatee irratti yommuu raawwatamee miidhaa geessisu kan kakaan miidhe kun callisee hintaa'u. Dha'ichi itti dhufe akka irraa ka'uuf jaarsolii biyyaa kaka sana raawwachiisan waamuun akka sirni aagii baafannaa, yookaan hiikkoo kaka isaaf raawwatamu kadhata. Kan kakateefi kaksiiifate sun yoo kan lubbuun hinjirre ta'ellee, dhalootatuu boolla awwaalcha isaanii irratti jaarsa waammachuun aagii baasifata, yookaan tufsiifata.

Sirni aagii baafannaa/hiikkoo kunis kan inni raawwatamu qaamni hunduu (warri kakate, warri kaksiiifate, jaarsoliin) afaan buleen osoo waa hinnyaatiin biqilaafi aannan qabachuun laga bishaan yaa'u jiruu deemu. Erga achi ga'aniis kan kaksiiifate sun bishaan budduuqse (waraabee) ala sadii lulluuqatee tufuun "Kunoo siif tufeera, bishaan kana wajjin haaba'u, sirraa haadhiqamu, kan bona sitti dhufe awwaarri, kan ganna sitti dhufe lolaan sirraa fuudhee haadeemu" jedhee hiikkoo godhaaf. Kan kakatee ture sun immoo jilba isaatti kufee "Naaf haata'u, Ameen!" jedhee fudhata.

Kanaa booda, jaarsoliin sun immoo gatii, yookaan kaasaa namichi sobaan kakatee ture sun kan kaksiiifateef baasuu qabu taa'anii itti murteessu. Innis, kan itti murtaa'e sana falmii tokko malee baasa. Achii immoo biqilaafi aannan sana qabatani eebisu. Kan kakatee miidhameef araara Waaqaa kadhataani isa

eebbisu. Kan kaksiiifatee ture sun immoo dhiifama waan isaaf godheef isa eebisu. Eebba kana kan isaan raawwatanis jara sana harka walfuusisuun biqilaafi aannan sana qodaa tokko keessaa unachiisuunidha. Achiis maaddii tokkorraa isaan nyaachisu. Kunis, deebi'anii firoomu isaanii, deebi'anii hawaasummaa isaanii waliin jiraachuu isaanii agarsiisa. Haala kanaan, duuti namaafi horii, dha'ichiifi miidhamni namicha kakatee tureefi qe'ee isaa irratti dhufee sunis irraa dhaabbata. Aannaniifi biqilli isaan gargaaramuun ittiin eebisan kunis fakkoommiiwwan olitti (eebba jalatti) qaban ibsamee jiru kan qabanidha. Maaddii tokkorraa nyaachuun isaanii immoo tokkoomuufi firoomu isaanii agarsiisa.

III. Xiinxala Fakkoommii Wantota Aadaafi Wantotaa Sirna Raawwii Abaarsaa Keessatti Itti Dhimma Ba'amanii

Abaarsis akkuma kakaa bakkeewwan itti raawwatamu, guyyaalee itti raawwatamu, haala ittiin raawwatamuufi wantota aadaafi wantota itti dhimma ba'amuun raawwatamu mataa isaa danda'e qaba. Abaarsa kan raawwatu Abbootii Gadaa, yookaan jaarsolii biyyaa yommuu ta'an, bakkeewwaan abaarsi kun itti raawwatamu keessaa dirreen gogaan, lafti dhagaa, collophoon lafaa, cittuun lafaa, muka gogaa jalliifi qoraattii gidduun isaan muraasadha. Akkuma kakaa guyyaa Dafinoorra (Wiixataarra), guyyaa Roobiirraafi guyyaa Jimaataarra raawwatama. Abaarsi kan inni raawwatamus namoota akka: hattuu halkanii ta'anii (dukkana da'oo godhachuun namoota hanna loonii, gaaguraa yookaan dammaafi qabeenyaawwan biroo garaagaraa raawwatan), saamtotaa, kanneen araamuu hojjetaniifi tolchituu (xibaartuu) irrattidha.

Oromoon mammaaksa isaan akkuma inni “Kan abaarameefi kan akaa’ame hinkattu” jedhu abaarsi ulfaataadha; qe’ee balleessa. Kanaafuu, yoo namoota yakkoota abaarsaaf nama saaxilan kanneen hojjetan kan beekan ta’e abaaruun dura nigorsu. Yoo gorsaan deebi’uu dide immoo tuma itti tumu. Kana jechuunis, hawaasummaa isaanii keessaa baasu. Fakkeenyaaf, dhukkubsanaan hingaafannu, duunaan hinawaallu, nu waammannaan daboo hinbaanuuf, rakkannaan rakkoo hinbaafnu, liqeffachuu dhufnaan hinliqeesinuuf, ergifachuu dhufnaan hinergifnuufi kan kana fakkaatan jechuun tuma itti tumuun hawaasummaa isaaniin ala godhu. Gorsas ta’e tuma itti tumame safeeffachuu dhabuun hojii yakkaa sana yoo itti fufee argame garuu ba’anii abaaru. Yoo namni yakkoota kana dalagu kan hinbeekamneefi fagoo irraa nutti dhufe jedhanii kan shakkan ta’es gara bakka dhaabbatnii abaaranii deemuun “Kan kana raawwate yoo laga ce’ee nutti dhufe ta’e; abaarsi keenya laga ce’ee dhaqee isaa qabatu, tulluu qaxaamuree dhaqee isaa qabatu” jedhanii abaaru.

Oromoon bineensota naannoo isaatti argamaniif kabaja guddaa kan qabu yoo ta’ellee, bineensa hamtuu baatee horii qe’ee, ijoollee, dubartootaafi midhaan garaagaraa miitu, yookaan nyaattu garuu ni abaara. Fakkeenyaaf, harreen yoo yuusa waraabessa dhageesse ni guddatti, ni gabbatti, ni jaabaatti. Yoo kaanaan achii garuu ni quucarti, ni huuqqatti jedha. Haata’u malee, waraabessa qofaa baatee dallaa galtee horii miitu, ijoolleefi dubartii adamsitu ba’eeti abaara. Akkasumas, Oromoon qee jaldeessi jiru quufa jira, boqolloon ija gaarii naqata, jiidhinsa jira, bosona marga jedhee amana. Garuu, jaldeessa

Magarsaa D
37-59

kootamaa ba'ee midhaan garaagaraa miidhu, ijoolleefi dubartii miidhus ba'ee abaara. Dabalataanis, biyya qamaleen jirtu ijolleen dhalattee guddatti, quufa jira jedhee amana. Haata'u malee, kan qofaa baatee midhaan balleessitu, ijoollee qoccoltu ni abaara. Bineensota biroo kanneen akka yeeyyii, waangoo, leenca, jeedala, qeerramsa, huutuufi kanneen biroo qofaa ba'anii namaarratti, horiirrattiifi midhaanirratti miidhaa yookaan badii raawwatanillee ni abaara.

Namas ta'e bineensa abaaruu kan inni raawwatamus bal'inaan bifuma walfakkaatuun yookaan tokko ta'eenidha. Innis, jaarsoliin biyyaa sagali (sagal ta'uun isaaniis saglan Boranaa, saglan yaa'ii Booranaa ibsa), yookaan shan (shan ta'uun isaaniis Gadaa Shanana, Odaa Shanana, Bokkuu Shanana ibsa) ta'uun eeboo, yookaan hankaassee qabachuun lagatti ba'anii abaaruu. Yommuu abaanis harka isaanii bitaa ol kaasuun qara eeboo yookaan hankaassee sanaan immoo muka laaftoo guddachaa jiru waraanuun ittiin dhiibanii gara Lixaatti jigisuun gochaa namicha sanaa waamuun akka itti aanee jiru kana jechuun abaaruu. (Abaarsota qorannoo kana keessatti hammatamaniifis moggaasni addaa kan jalqabarra dhufeef abaarsa tokko (A1), kan lammaffaa irraatti dhufeef immoo abaarsa lama (A2) jedhan itti dhimma ba'amanii jiru).

*“Qarri isaa haawaraamu,
Waraanee isa haa ajjeessu,
Nurraa dhidhimsi,
Deebi'ee hinargamiin,
Lafti isa hinbaatiin,*

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),

*Biiftuun itti haalixxu,
Guyyaan itti dukanaa'u,
Horee hinhoroomiin
Dhalchee hinguddifatiin
Qotee hingalchatiin
Galchatee hin nyaatiin
Nyaatee sifa isaa hinta'iin
Summii itti haata'u
Dhibee itti haadhalu
Dhibamee hinmaaramiin” (A1)
jedhee abaara.*

Sirna raawwii abaarsa kana keessattis wantonni aadaafi wantonni itti dhimma ba'amaniifi taateewwan/ta'iinsonni garaagaraa raawwataman nijiru. Isaanis, eeboo, yookaan hankaassee; kunis, waraantuu (waan waraanee nama miidhu) ta'uu agarsiisu. Qe'ee irraa fagaatanii gara lagaa deemuun isaanii immoo abaarsa kosii, ooyiruu yookaan maasii ofiirra dhabbatanii waan hinabaarreefidha. Akkasumas, abaarsa ol adeemtonni (ijoolleen, dargaggoonni) dhaga'uu hinqaban waan ta'eefidha. Laaftoon immoo muka qoraattii qabu waraanee nama miidhu waan ta'eef filatu. Muka abaarsaatis jedhamee amanama. Fakkeenyaaf, biqiltuun laaftoo jalatti biqile hinmargu; quucaree bada. Gara Lixaatti jigisuun isaanii immoo akkuma duraan ibsamee jiru Lixi dhidhima, Lixi dukkana jedhamee waan fudhatamuufidha. Harka isaanii bitaa ol kaasuun immoo harki bitaa harka dadhabaafi humna dhabeessa; akkasumas, harka abaarsaati jedhamee waan amanamuufidha.

Abaarsi nama haraamuu hojjetee garuu bifa biraan raawwatanma. Kallattiin abaarsa

olii (A1) kana fayyadamanii haraamuu hinabaaran. Dhiiras ta'e dubartii haraamuu hojjete/hojjette dirreetti bakka hawaasni baayyinaan walga'etti baasuun dhoqqee dibu; durbas itti sirbisiisu. Dhiira yoo ta'e uffata irraa baasanii dhoqqee hudduu isaatti dibu. Dubartii yoo taate immoo mataa irraa haadanii mataa isheetti dhoqqee dibu. Namoonni kun irratti raawwatame, yookaan dhoqqeen dibaman kunis, "Warra dhoqqeen hudduu dibame" jedhamuun hawaasa keessatti waan beekamaniif namni intala isaanii hinfuudhu; durba ofiis isaanitti hinheerumsiisu. Kun immoo karaa biraan abaarsa. Sababiin isaas, sanyiin isaanii darbee akka lafa hinqabane, yookaan hinhorre taasifamaniiru.

Taateewwan nama haraamuu hojjete yookaan hojjette irratti raawwataman kunniinis hiika mataa isaanii qabu. Dubartii haraamuu hojjette irraa mataa haaduun kan inni agarsiisus kabaja isheerraa molquudha. Dhoqqee dibuun immoo kan inni ibsu xureeffachuu, ajeeffachuu, balaaleffachuu, nama namaa gadii ta'uu agarsiisuufi safu dhabaa/dhabduu ta'uu isaa/ishee ibsuufidha. Duuchumatti, fokkoommiin dhoqqee immoo xuraa'aadha, fokkuudha; dhoqqee dibuun immoo xureeffachuudha. Nama haraamuu hojjete kallattiin 'akkas haata'u' jedhanii abaaruu baataniyyu taatee kana irratti raawwachuun al-kallattiin abaaruu. Kunis, guyyaa dhoqqeen itti dibamee kaasee qomoo isaanii keessaa fuudhuufi itti heerumsiiisuun ni lagatama; kun immoo abaarsadha. Qomoon warra dhoqqee dibamee kunis, "Sanyii warra araamuu, sanyii warra abaarsaa" jedhamuun beekamu. Nama haraamuu hojjete, yookaan hojjette tokko dhoqqee dibanii haraamummaa

isaa/ishee jamaaf erga beeksisanii booda xumura irratti immoo akkas jedhu:

'Jifuun karaarra haadeemu

Horiin karaarra haahoru

Kormi karaarra haayaabu

Fuutii-heerum karaarra haadeemu

Kan haraamuu hojjetu haadhiisu

Kan dhiisuu dide immoo haaciisu' jechuun tuma tumu. Tumni kunis, namoota biroof qajeelcha jireenyaa kennuudha; akkasumas, akeekkachiisuudha. Kan haraamuu hojjete yookaan hojjette sana immoo abaaruuudha. Fakkeenyaaf, bo'oon dhumaa "*Kan dhiisuu dide immoo haaciisu*" jedhu kana keessaatti '*haaciisu*' kan jedhu kun '*haadu'u*' jechuudha; kunis immoo abaarsadha.

Bineensa yommuu abaanis akkuma kan namaa eeboo yookaan hankaasee qabataniin gara lagaa deemuun abaru. Garaagarummaan jiru kan isaan jedhanii abaan irrattidha. Yommuu bineensa hamtuu sana abaan qara eeboo yookaan hankaasee isaaniiin muka laaftoo sana dhiibanii kuffiisuun harka isaanii bitaa ol kaasanii:

"Bineensa hamaa

Qee nu miidhe

Midhaan nu miidhe

Ijoollee nu miidhe

Dubartii nu miidhe

Dallaa nu miidhe

Kana nurraa ajjeessi

Oolchitee hinbulchiin

Baasii rasaasaaf godhi

Kiyyoo hamaarra baasi

Ajjeesii nu agarsiisi” (A2) jechuun abaaruu.

Fakkoommiin wantonni aadaa itti dhimma ba’amanii eeboofi hankaaseen qabaniis ta’e fakkoommiin wanti itti dhimma ba’amee mukti laaftoo qabuu kan olitti ibsame waliin tokkodha. Akkasumas, taateewwan akka laga deemuu, muka laaftoo sana waraanan dhiibanii gara Lixaati jigisuufi harka isaanii bitaa ol kaasuu fakkoommiin isaanii kan olitti ibsame wajjin tokkodha; fakkoommii adda ta’e asitti qaban hinqaban.

Goolabaafi Argannoowwan

i. Goolaba

Oromoon duudhaalee garaagaraa jiruufi jireenya isaa ta’an hedduun kan badhaadhe yoo ta’u, eebbi kanneen keessaa isa buleessa tokkodha. Erga sirni Gadaa weerara nafxanyootaa gargaarsa biyyoota alaan utubameen cabee booda seer-dhabdummaa babal’achaa deemuu irraa kan ka’e Oromoo duudhaalee akka kakaafi abaarsaas tumatee hojiirra oolchuun itti dhimma ba’uu eegale. Haala kanaan seer-dhabdummaa to’achuuf kan tumaman kakaafi abaarsis har’a sirna Gadaa keessatti haammatamuun duudhaalee Oromoo ittiin hawaasni Oromoo garaagaraa safuu jiruufi jireenya isaa tikfatu ta’anii tajaajilaa jiru. Dudhaaleen kunniinis (eebbi, abaarsiifi kakaan) akkaataa ittiin raawwataman, qaama ittiin raawwataman, guyyaa itti raawwataman, bakka itti raawwataman, wantota aadaafi wantota itti dhimma ba’amuun ittiin raawwataman mataa mataa isaanii kan qabanidha. Wantonni aadaafi wantonni sirna raawwii duudhaalee kanaa keessatti itti

dhimma ba’amanis fakkoommii adda aaddaa hawaasa sana biratti mala waliigaltee, yookaan walqunnamtii ta’uun ergaa garaagaraa dabarsan qabu. Sirni raawwii eebbaa wantota aadaafi wantota ittii dhimma ba’amuun raawwatamuun sirnoota raawwii abaarsaafi kakaatti gutummaa guutuutti addadha. Akkasumas, bakkaa raawwiifi akkaataa raawwii isaan kanneenitti addadha.

ii. Cuunfaa Argannoowwanii

Dirreewwan hawaasni Oromoo malleen walqunnamtii mallattoolee (*symbolic communication*)fi xinqooqaawwan dabalataa (*extra linguistic features*) gargaaramuun waliigaltee uumu keessaa sirni raawwii eebbaa, abaarsaafi kakaas isaan bal’inaan beekamoodha. Kun immoo duudhaaleen kunniin (eebbi, abaarsiifi kakaan) bal’inaan malleen walqunnamtii al-afaaniffaan (*non-verbal communication*) hojiirra kan oolan, yookaan raawwataman ta’uu agarsiisa. Kana malees, wantonni aadaafi wantonni sirna raawwii abaarsaafi kakaas keessatti itti dhimma ba’aman baayyeen isaanii fakkoommii yookaan hiika hawaasa biratti qabaniin kan hinsafeeffataminne, balfamoo, ciiga’amoo, yookaan jibbisiisoo, kaan isaanii immoo kan jireenya guyyuu keessatti itti dhimma hinba’amneefi faayidaa dhabeeyyii waan ta’aniif humna miidhaa abaarsiifi kakaan namarraan ga’uu danda’anii hubachiisuu olaanaa kan qabanidha. Akkasumas, eebbi, abaarsiifi kakaan humna duudhaalee akkaataa jiruufi jireenya hawaasummaa hawaasaa to’achuufi safuufi safeeffannaa hawaasaa tiksuu olaanaa ta’e kan qaban ta’uun isaanii argannoowwan bu’uuraa qorannoo kanaati.

Wabilee

- Ashenafi Belay & Eba Teresa (2017). *The Poetics of Oromo Blessing Expressions: A Stylistic Analysis of a Verbal Art Genre*. International Journal of Sciences: Basic and Applied Research (IJSBAR), 32(1) (pp 92-120).
- Ben-Amos, D. (1972). *Folklore in Context: Essays*. New Delhi: South Asian Publishers Ltd.
- Bronner, S. J (Ed.). (2007). *The Meaning of Folklore: The Analytical Essays of Alan Dundes*. Utah State University Press.
- Chandler, D. (2002). *Semiotics: The basics*. London: Routledge.
- Creswell, J. (2009). *Research Design: Qualitative, Quantitative and Mixed Approaches* (3rd edition). Los Angeles: SAGE Publications, Inc.
- Danesi, M. (Ed). (2004). *Messages, Signs and Meanings: A Basic Textbook in Semiotics and Communication* (3rd edition). Toronto: Canadian Scholars' Press Inc.
- Dirribii Damusee (2016). *Ilaalcha Oromoo*. Finfinnee: Printing and Publishing Enterprise.
- Dorson, R. M. (edition) (1972). *Folklore and Folk life: An Introduction*. Chicago: The University of Chicago press.
- Dundes, (1980). *The Study of Folklore*. Landon: Prentice Hall, Inc.
- Finnegan, R. (1970). *Oral literature in Africa*. Oxford: Clarendon Press.
- Hicks, D. (2010). The Material-Cultural Turn. In. Hicks, D. and Beaudry, M.C. (edition). *The Oxford handbook of Material Culture Studies*. Oxford: Oxford University Press, pp. 25-98
- Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2),
- Ian M. G. (edition) (1978). *Material Culture and the Study of American Life*. New York: W W. Norton.
- Jules, D.P (2010). *Mind in Matter: An Introduction to Material Culture Theory and Method* Author(s): The University of Chicago Press on behalf of the Henry Francis du Pont Winterthur Museum, Inc. Stable URL: <http://www.jstor.org/stable/1180761> Accessed: 07/09/2010 18:42.
- Oxford University, (2006). *Oxford Advanced Learners English Dictionary*. Oxford University Press.
- Prince, D. (1981). *Curses: Cause and Cure*. Study Note outline.
- Saussure, F. De (1974). *Course in General Linguistics*. In Gottdiener, M., Boklund Lagopoulou, K. & Lagopoulos, A.P. (2003). *Semiotics*. London: SAGE Publications.
- Sims, M. C. & Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to Study of People and Their Tradition*. Logan: Utah State University Press.
- Webb, K. (2003). *Semiotics and the Social Analysis of Material Things*. Language & Communication 23, 3-4: 409-25.

